OROMO

Advanced Learning
Mailing address: M.S. 32-936 – P.O. Box 34165 Seattle, WA 98124-1165
Web address: http://www.seattleschools.org/area/advlearning/index.xml *Phone: 206-252-0130*

KOROJOO/KIT ODEEFANOO

Barmoota Iraa Oliitif barataa/baratuu kiyya/tiyya filuu akkamitti dandaya? Warri, barsiiftota, hojjatooni miseensi hawaasaa baratooni akka qormaata godhan filuu dandaya, haatyuu qormaata fudhatuu dhaf *hayama waraa* waraa barbaachisa. Barsiiftotaaf misnsotni hawaasaa foormii *Hayama Waraa* warra baratootaa yoo filuu barbaadan kennuu qaban. Foormin yaada barsiis'a/ft'u qabdu barbaachiftuu dha. Foormin lameenu Onkololeessa 8, 2009* deebi'u qabdi. (* baratoota oolmaya da'imanii tif duwaa: Foormin yaada barsiis'a/ft'u qabdu Sadaasaa 12, 2009 deebitii, ka waraa onkololeessa 8, 2009 deeb'u qabdi)

Foormii itti filuu dandayu eesaa argadha? Woraqaan itti filtan waajjira maneen barmoota kutaa duraa, tif kutaa wolak'a, Batala Maqaa Itti galfatan, Batala Worra Afaan Tokkoo Oli dubbataniif (252-7750), John Stanford for Educational Excellence (teesoo asii olii) titi argama. Itti dabalee web-saaytii www.seattleschools.org/area/advlearning/index.xml irrati argama.

Woraqaa filmaataa eessatti deebisa? Hojjatoota waajjira maneen barmoota Siyaatil kutaa duraatif wolk'a keessati deebisuu dandeetan, takkaa qajeelumatti gama Barmoota Iraa Olii teesoo asii oliitit eerguu dandeetan. Foormi hayama barsiiftotati hin-deebisinaa. Barsiiftoni foormii yaada isaanii qabdu gama waajiraa dabarsuu takkaa gama posxaa maneen barmootaa, yookin gama mana poosxa tin eerguu dandayan. Maneen Barmoota Halanyaa tayan woraqaa barbaachiftu guutanii gama Barmoota Iraa Olii qarshii $90 waliin eerguu qaban. Waraqaa faaksii taate takkaa himanaa gama web-saayitii dhatiin dhuftu ISIN IRAA HIN-FUUNU/QEEBALU.

Galmi kiyya Bulchaa Maneen Barmoota Siyaatil tin ala yoo taye, qormaataf barataa/ttu kiyya/tiyya filuu dandayaa? Lakki hin-dandeetu. Barataan/baratuun qormaata fudhatuu dhaf, bulchaan Maneen Barmoota Siyaatil keessa galuu/jiraatuu takkaa amma maqaa galfatanii hayama qabaatuu qaba/qabdi.

Guyyaa qormaatni ijoolee tiyyaa kennamu beekkuu dandayaa? Guyyaan qormaatni kennamu waraqaa balama qormaataa qabdu irra jirti fi waraqaan tana ji'a Onkololeessa fi Arfaasa isin dhaqabdi. Guyyaan barataan/baratuun qormaata goodhu/gootu akkuma darajaa ijool'e waldhaba. Qormaatni ji'a Onkololeessa jalqabee hama Amajii 2009 itti fufa. Guyy'a fi haala qormaata waraqaa waraa eergamtu iraa beeytan.

Yeroo ijoolen qormaata fudhatan warri laaluu dandayaa? Lakki hin-dandeetan. Yeroo ijoolen qormaata fudhatan yaada isaanii fafacaasun ni-mala. Bakka namni isaan laalu/dawu'atu hin-jiretti ijoolen qormaata cimaa kennan.

Maneen Barmoota Halanyaa tayan yoom qormaata godhan/kennan? Baratooni amaf Maneen Barmoota Syaatil Sabaa keessa hin-jirre qormaata guyyaa Sambata Xiq'a kennan. Qormaatni Maneen Barmoota Siyaatil Kutaa Duraa ka bakka bakkaa keessatti kenama. Waraqaan balama guyyaa saa'a fi bakka qormaata isin beeysiftu Onkololeessa walak'a fi Sadaasaa eergamti.

Bu'an Qormaata barataa/baratuu kiyya/tiyya yoom na dhaqaba? Waraqaan hayama qabdu ta iraa maay'i ji'a takkaa gama Amajii 16 mana poosx'atin eergamti. **Bu'an qormaata iraa argamu gama mana poosx'a duwaa eergamti, bilbilcha, ii-meelii dhaf faksii dhan san dura hin-gabaafnu/hin-himnu.**

FOORMIN FILMAATA ONKOLOLEESSA 8, 2009 DEEB'U QABA

OROMO

Advanced Learning

Mailing address: M.S. 32-936 – P.O. Box 34165 Seattle, WA 98124-1165
Web address: http://www.seattleschools.org/area/advlearning/index.xml *Phone: 206-252-0130*

Qormaata akkamitu kennama? Baratooni marti/hundi qormaataa (ka dandeetii cognitive ability jedhamu) mizaanu fudhatan. Qormaatni herrega/hisaabaf dubbisuu kennamuun ni mala, haatayuu, balbala barataniif fudhatamuu isaanii irratti hundaaya. Qormaatni dandeeti baratoota balbala 4-7 barataniif waan baratooni sun Maneen Barmootaa Siyaatiliin alla hin tayniin, hin kennamu. Baratoota balbala 4-7 barataniif, qormaata as dhiyoo kadosee isaanii keessaa qaban (fakkeenaf ka akka WASL) laalla/hubanna. Baratooni balbala 4-7 worri gilgaala hin fudhatin qormaata ITBS tu kenamaaf. Baratooni balabala Ollmaya Daa'imanii fi balbala tokko baratan, warri dandeetii dubbis'u tif herrega, dandeetii *Cognitive Ability* qaban, qormaata Woodcock-Johnson tu kennamaaf.

Bu'an qormaata dubbis'u tif herregaa yoo galchan fudhatama qabaa? Baratooni amaaf Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa keessa hin-jirre warri qormaata standardii taye ka dubbis'u tif herrega mana barmootaa keessatti Bitootessa 1, 2008 fudhatan waraqaa rekordii san qabdu galfatuu dandayan. Reportin sun waajira Barmoota Iraa Olii tit Arfaasaa 16, 2008 dhaqabuu qabdi. Qormaatni fudhatamu qormaata beekkamaa akka (fak. ITBS, ERB) takkaa WASL gabaasa Maneen Barmoota Siyaatiliin ala taye ni fudhatama. Woraqaan galfatan qaama gabaasa barattootaa, bakka *qormaata Cognitive Ability* jedhuu bu'a.

Yoo barataan/tuun waan hin-fudhatamin taye/taate haali iyyanoo itti galfatan jiraa? Ee. Odeefanoon haala iyyanoo itti galfatuu dandeetanii korojoo waraqaa hayama waliin web-saayitii irratti argama. Qormaatni horiin dhan godhame yeroo iyyan'of dhageetin godhamu duwaa hubatama.

Fudhatama isaanii lafaa qabaatu dhaaf baratooni bara baraan qormaata godhuu qabanii? Takka barataan/tuun sagantaa BIO/APP, Spektrum, takkaa Caraa Barmoota Iraa Olii (CBIO/ALO) keessa seenana fi gabaasa BIO/APP eega qabaatan, barataan/baratuun qormaata fudhatuu hin-qabu/qabdu. Kun baratoota balbala 5 fi 6 uf keessaa qaba. **Baratooni sagantaa kanaaf bara barmootaa 2008-2009) keessa <u>hin-seenne</u> <u>itti deeb'anii qormaata bara dhufuuf fudhatuu</u> qaban. Baratoota sagantaa kanaaf maqaa galfatan, haatayuu, maqaan isaanii waraqaa eeganoo irra jiran hayamni isaanii dheeratee dhuma maqaa galfanaa titi <u>bara dhufuuf qormaata kennan</u>.**

Barataan/tuun kiyya/tiyya mana barmoota horii itti baasanitti barata/baratti. Lakkobsa baratooni itti beekkamaniif maalitti dhimma baya? Barataa/tuu keessan/teessan Maneen barmootaa Siyaatil Sabaa tif maqaa waan galfatan yoo taate takkaa tan dura akka qormaata godhan yoo galfatan, barataan keessan lakkobsa Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa qaban. Warri ijoolee isaanii horii baasani barsiifatan, takkaa lakkobsa MBSS/SPS hin-qabne, waraqaa guutan duwaa dhiisuu dandayan. Maaloo lakkobsa Soshal Sakyuritii titi dhimma hin-bayinaa.

Foormii guutamtu gubbatti gosa maalif gaafatan? Lakkoobsa Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa argatuu dhaf baratooni marti/hundi, baratooni Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa keessatti barataniif warri yeroo dhaf lakkobsa* hinqabne gosa guutuu qaban.

*Barataan keessan/teessan amaaf Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa keessatti waan hin-barane yoo taate fi lakkoobsa itti beekkaman yoo waan hinqabaane taate, maalo waan asii gadii iraa filadhaa: AI Amer Indian; AN Alaska Native, BL Black; CH Chinese; EI East Indian; FI Filipino; GY Gypsy; HA Hisp Asian or Pac Islander; HB Hisp Black; HI Hisp Indian; HW Hisp White; JN Japanese; KO Korean; NA Native Amer or other Alaskan Native; OA Other Asian or Pac Islander; SA Samoan; SO Southeast Asian; VI Vietnamese; WH White.

FOORMIN FILMAATA ONKOLOLEESSA 8, 2009 DEEB'U QABA

OROMO

Advanced Learning

Mailing address: M.S. 32-936 – P.O. Box 34165 Seattle, WA 98124-1165
Web address: http://www.seattleschools.org/area/advlearning/index.xml *Phone: 206-252-0130*

Sagant'a fi gargaarsi Barmoota Iraa Olii maali? Sagantaan Barmoota Iraa Olii gargaarsa adda addaa tif barmoota safisaa barmbaratoota kennaa baruumsaa qabanii dhiyeesa. Baratooni sagantaa Barmoota Iraa Olii iraa qooda fudhatan aadaa adda adaa, afaan fi qabeena adda addaa fi dandeetii adda addaa iraa waliti dhufan. Baruumsi isaan barbaachisu baruumsa adda addaati, fi haali barmootni itti dhiyaatu haala jajabeesuf xinxalaaf walba tayeti dhiyaata. Waajiri Barmoota Iraa Olii sagantaa Barmoota Iraa Olii qindeesu dhaan qormaata dandeetii hubat'uf baratoota gama kolleeja deemaniif barmootni iraa olii barbaachisu irratti itti gaafatamaa dha.

Sagantaa	Balbala Gargaaraman	Hayama Qormaataa	Baruumsa
Caraa Barmoota Iraa Olii (CBIO/ALO)	1-8	LAKKI	Barmoota herregaa if dubbisuu cimaa dhaf ka iraa olii
Sagantaa Spectrum Young Scholars	1-2	EE	Dubbisuu dhaf heeregaan barmoota cimaa (ka baka baratan bara tokkoon caalu) tu kenama
Sagantaa Spectrum	3-8	EE	Baruumsa dubbis'u (Oggumaa Afaanii) fi herregaa (ka bakka baratan bara tokkoon caalu)
Sagantaa Uf-Dura Furg'ae(SUDF/APP)	1-8	EE	Barmoota dubbis'u (oggumaa afaanii) fi herrega ka dandeetii baratootaa irratti hundaaye (ka bakka baratan bara lamaan caalu)
Baccalaureate Aduny'a	9-12*	LAKKI	Baramoota kutaa lamataa cicimaa ka baruumsa adunyaa tin wal hordofu fi ka baruumsi isaa kireedita koleejaa tif kurfeesu
Ramadii Iraa Olii P	9-12*	LAKKI	Barmoota kutaa lamataa cicimaa ka boordin koleeja dhiyeesu ka kireedita koleeja itti argatuu dandayan.

***Sagantaa kutaa lamataa iraa qooda fudhatuu dhaf qormaatni baratoota balbala 8 barataniif barbaachisaa dhaa miti.**

Sagantaa asii gadiitif barataa/baratuu kiyya/tiyyaa filuu qabaa? Yeroo filtu haala asii gadii garaa/qalbii keessatti qabadhu.

Dandeetii Afaanii	✓ Umrii isaa/is'i tif afaan cimaa dubbatta/dubbatti ✓ Waan yeroo mara dubbatu/dubbattu fi gaafii gaafatu/gaafattu fakkaata
Dandeetii Yaadaa	✓ Yaada qaba/qabdi; yaada baay'e qaba/qabdi ✓ Rakkinaf hikkaa/furmaata nama ajaa'ibsu qab/qabdi
Amala Baruumsaa	✓ Wanni himaniif dafee galaaf, waan barate/baratee hin-yaadata/yaadatti ✓ Waan cicimaa irratti hojjatuu barbaada/barbaadi, waan silaa hojjatuu qabu/qabdu dhiisee/dhiiftee waan uff godhuu jaalatu/jaalattu irratti yeroo dheeraa dabarsa/dabarsiti
Mirqaan qaban	✓ Waan tokko tokkoo fi fedhii/hawii qaba/qabdi fi yeroo hunda irratti hojjatuu barbaada/barbaadi ✓ Waan hojjatu/ttu xumuuruu dhaf akeekka baaye hin-eegat/eeggattu; waan godhuun barbaachisu ufii beekku barbaada/barbaadi
Gudina walii-galtee nama waliin qaban	✓ Waan nameen biro/dhibii titi dhagamuuf cinqama/cinqamti fi waan wal-qixa taye jaalata/jaalatti ✓ Wanni hundi akka tolu nama barbaadu taya/taate fi waa baleesun baay'e isa/isii cinqa/cinqiti ✓ Baratoota isaa/is'i olii takka nameen gurgudaa waliin yeroo dabarsuu barbaada/barbaadi
Dubbisuu	✓ Kitaaba akka gaaritti dubbisa, dandeetii balbala itti baratu/baratuu ol dubbisa/dubbifti fi/takkaa da'imumatti dubissa/dibbifti
Dandeetii Herregaa	✓ Herrega/hisaaba akka malee jaalata/jaalatti, dandeetii hirriyyaa isaa/is'i iraa olitti hojjata/hojjatti fi lakkoobsaf hawii da'imumatti agarsiise/agarsiifte

Odeefanoo caalaa dhaaf, maaloo web-saayitii dhaquudhan laalaa
http://www.seattleschools.org/area/advlearning/index.xml

OROMO

Advanced Learning
Mailing address: M.S. 32-936 – P.O. Box 34165 Seattle, WA 98124-1165
Web address: http://www.seattleschools.org/area/advlearning/index.xml *Phone: 206-252-0130*

FOORMI HAYAMA WARRAA/EEGD'U

(QORMAATNI KENNAMUU MARAA DURAA FORMII MALATEESITAN TUN BARBAACHIFTUU DHA.)

Maqaa Barat'a/t'u ka Maay'I Maqaa Duraa Middle	# Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa Keessatti Itti Beekkman(barbaachisaa dha)
Maqaa Warraa/Eegd'u (maaloo barreessaa)	Balbala bara (09-10) baratan
Teesoo Manaa/Galmaa SEATTLE, WA 98_____	Mana Barmoota Amaa (09-10) itti baratan
Lakkobsa Bilbilchaa	Guyyaa Dhalootaa
Teesoo Ii-meel'I	Saala/Gender
Daa'ima keessaniif/teessaniif yeroo qormaata fudhatan ilaalcha koph'a yoo barbachise akka sagantaa 504, maamoo as tuqaa/malateesaa, achiin garagalchaa sagantaa 504 teesoo asii olititi dadafitti eergaa. ☐	Afaan Duraa ka Manatti Dubbatamu
Barataan/baratuun keessan/teessan tana dura qormaata fi filamaata sagantaa Barmoota Iraa Olii kanaaf Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa keessatti filamee/filamtee beekka/beektii? Ee __ Lakki ___ "Ee" yoo jetan, bara kam hubatnootni godhame?	Gosa*

Warra/Eegdota Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa:

Ann barataan/baratuun kiyya/tiyya sagantaa hubanoota Barmoota Iraa Oliitif godhamu kana iraa qooda akka fudhatu/fudhattu hayama kiyya kenne. Dandeetin oggumaa baratootaa baratoota maraf/hundaaf kennama. Dandeetin birxa bayou dandayu ilee kenamuun waan malu. Haala baratoota itti filan fi karaa itti filan, filmaata sagantaan qabu fi haala iyyanoo itti dhiyeefatuu dandayu (seera WAC 392-170-047) naaf ibsamee jira.

Malatoo Keessan _____ Guyyaa_____

WarraEegdota Baratoota Maneen Barmoota Halanyaa/Private Tayanii:

Ann barataan/baratuun kiyya/tiyya sagantaa hubanoota Barmoota Iraa Oliitif godhamu kana iraa qooda akka fudhatu/fudhattu hayama kiyya kenne. Dandeetin oggumaa baratootaa baratoota maraf/hundaaf kennama. Dandeetin birxa bayou dandayu ilee kenamuun waan malu. Haala baratoota itti filan fi karaa itti filan, filmaata sagantaan qabu fi haala iyyanoo itti dhiyeefatuu dandayu (seera WAC 392-170-047) naaf ibsamee jira.

Malatoo Keessan _____ Guyyaa_____

(Warri baratoota Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa keessa jiranii cheekka $90 ka xinxala hubanootaa irra oolu, ka isinii hin-deebne waliin eergaa)

Malatoon seera WAC 392-170-04 jalati barbaachisaa dha

*maaloo odeefanoo gama fuula lamataa laala.

Hayama Warra/Eegd'u baratoota MARAAF/HUNDAAF Onkololeessa 8, 2009 deeb'u qaba.
Waraqaa hayama harkkaan fiduu gama Stanford Center takka gama mana poosx'atin Advance Learning fiduu dandeetan.
Baratoota yeroo amaa maneen barmoota siyaatil Sabaa keessatti barataniif maneen barmoota itti baratanitti galchuu dandeetan.